

Bishaan irra of eeguf Gorssa Maatilef

Nami Guddaan/ga'eessi Akka Ijoolle Eegu Godha

- Baka namoonni lubbu eegan(lifeguards) jiranitti daakdha'a.
- Bishaan keessa fi naanno bishaanit ijolle yero hundduma eegaa. Ijoolle fi namoonni muixxanno daakuu inqqabanne akka isinit dhihaatani daakan godha.
- Ijoolle fi dardara hunduma oso daaku beekanille bishaan keessaa fi naanno bishaanit eegamu qabu.
- Bishaan keessa fi naanno bishaanit nama eegu ramada. Yero dooniin sochootan fi Ijoolle eegddan, farsso fi dragaa infayyadamina.
- Yero hundduma namoota biroo wajjiin daaka'agadha.
- Seera fi of eeggno bishaanii tumadha.

Jaakkeetta lubbu nama eeguu (Life Jacket) Uffadha

Oso isin ykn daa'imi keessan daaku baattanille, ijoolleen, dardarii fi ga'eeyyiin jaakkeetta lubbu eegu uffachuu qabdu:

- Dooni, dooni didiqqabiduruu , fi kamanadari goomma (inner tube) irra yo jiraattan.
- Haroo, laga, ykn galaana fi bishan baballo kanneen fakkaatan keessa yo daakatan.
- Yero cina bishaanii taphattan (Ijoolle didiqqoof).

Jaakkeetta lubbu nama eegan U.S. Coast Guard akka hayyame mirkkaneessa.



Bishaan daakuu fi hoogummaa bishaan keessat lubbu ofii baraaruu bara

- Yoo akka gaariit daaku inbeekne, nama isin barsiisu barbbaada. Yo diqqate daqiiqa 10 bishaani oli turu dandda'u bara.
- Ijoolleen keessan akka daaku baran godha. Wagga waggaan danddeetti isaani haaromssa.
- Bakka bishan itti daaktan ka gandda keessanit barumssa daakuu soqaa ykn bakka namoonni lubbuu eegan jiran soda.

Haala qilleenssa fi Bishaanii bara

- Bishaan gadi fagenya inqqabanneef inbeekkamne durasaa miilan seena .
- Bakka walqixa intahin, bubblee bishaani, garjjalaa(under throw) fi jijjiirama haala qilleenssa ilala.

Bishaan irra of eeguf Gorssa Maatilef

- Yeroo oowwa bonaalle, qabbanni bishaanii akka nama ijjeessu hubadha. Yo dhaamottani fi dadhabddan, qarqqara bishaaniitt dhihaadha afuura fudhadha.
- Mallatto fi of eegganno bala ittisan hundduma horddofa.

Yeroo muddama tasaa waan godhu qabddan bara

- Gaggaarssa jalqqaba(first aid) fi Mala onne dhaabatte kaasaniin (CPR) bara.
- Bilbbila Harkkaa qabadha ykn bakka bilbbili dhiheennat arggamu bara.
- Yero bala tasa 911 bilbbila.
- Mala oso bala keessa of inbuusin namoota baraartaniin ka akka itti siqani darbachuu “reach and throw” bara. Yero nama rakko bishaan keessa jirutti dhihaattan waan sirriitti lafa qabate qabadha. Yo dhaqqabu dadhabddan, waan lixu dhowwu itti darbadha.

Caalaatti baruuf

- www.seattlechildrens.org/dp doohadha odeeffanno lixu ittisanin fi bishaan irra ofi eeganiin ilala.
- Gare Ijoolle keessanii tajajila fayya kennan quunnama

Seattle Children's yoo gafatame odeeffannoo kana roga addaatiin ni dhiheessa. Quunnamtii Ifbeeksisaa Lak. 206-987-5323 bilbila'a Barruun kun hojjetoota mana yaalaa Seattle Childrens n keessa deebi'amee ilaalameera. Hata'u ammo wanti barbaadamu haala ijoollee keessanii irratti hundaa'a. Odoodeeffannoo kanatti hingargaaramin, dursaa dhiheessitoota tajaajila fayyaa ijoollee keessanii waliin haasa'aa

© 2003, 2007, 2010, 2012, 2017 Seattle Children's Hospital, Seattle, Washington. Mirgi hundinuu kabajamaa dha.

4/17
CE4230